Faaruu fi galanni hundi kan Rabbii olta’aati. Nageenyi fi rahmanni Ergamaa
Rabbii irratti haa jiraatu. Rabbiin subhaanahu wa ta’aalaa addunyaa tana iddoo qormaata taasise. Namoonni iddoo qormaataa tana keessatti yeroo muraasaaf erga qoramanii booda gara iddoo turtii (qabriitti) darbu. Iddoo turtii kana keessa hanga umriin addunyaa tuni xumuramu ni turu. Yommuu umriin addunyaa xumuramu, samii, dachii fi wantoonni isaan lamaan keessa jiran diddigamuu fi jijjiramu eegalu. Guyyaan wantoonni kunniin itti raawwataman Guyyaa Qiyaamaa jennaan. Guyyaan Qiyaamaa kuni Guyyaa namoonni wanta hojjataa turaniif itti qoratamaniidha. Qorannoo booda takkaa Jannata qananii keessa qubatu, takkaa
immoo adabbii Jahannam keessa seenu. Kitaabni armaan gadii hanga ta’ee waa’ee Guyyaa Qiyaamaa ni dubbata:

Barzakha-fi-Guyyaa-QiyaamaaDownload